Galmeen City of Seattle fi King County akka agarsiisutti taaksii ykn hayyama hojii konkolaataa kireeffame akka qabdu garuu hayyamni sun yeroo ammaa kan haqame, kan irraa gadhiifame, ykn karaa biraatiin Daarektaraan kan qabame keessa jira.

Bara 2023 tti, City of Seattle fi King County tokkoon tokkoo isaanii seerota kireeffannaa geejibaa to'atan ammayyeessuu fi sirreessuuf seera tuman. Seerichi abbaan hayyama hojii qabu tokko yeroodhaaf hayyama isaa akka hinhojjenne gochuuf adeemsa kan uumuu fi abba heyyamaa konkolaataa tajaajila ala akka baasuu fi baasii hoji-adeemsiftuu akka inshuraansii fi boba'aa akka qusatuu kan taasisudha. Odeeffannoo dabalataaf maaloo seera Magaalaa fi Koonyaa yeroodhaaf akka hinhojjenne gochuu ([https://tinyurl.com/2fxpa53t](https://tinyurl.com/2fxpa53t)) ilaalaa.

Amajjii 31, 2015 booda, fi Fulbaana 1, 2024 dura Daayirektarichaan kan haqaman, gadhiifaman, ykn karaa biraatiin qabaman, Adoolessa 1, 2024 yeroodhaaf Magaalaa fi Koonyaatiin akka hinhojjenne ni taasifamu. Yeroodhaaf akka hinhojjenne gochuun kun ji'oota 12'f (hanga Hagayya 31, 2025tti) kan turu ta'a. Daftanii tarkaanfii akka fudhattan cimsinee isin jajjabeessina.

Fulbaana 1, 2024 irraa eegalee filannoowwan armaan gadii isiniif dhiyaatu:

1. Kaffaltii haaromsa hayyama hojii ilaallatu hunda kaffaluun haayyama sana **deebisaa akka hojjetu taasisaa**.
    - Kaffaltii hayyama konkolaachisummaa waggoota darbanii ykn kaffaltii hayyamaa yeroo booda kaffalamuus ta'e kaffaltii dabalataa tajaajilawwan wiilcheerii dhaqqabamaa kaffaluun isin hin barbaachisu.
    - Haala hayyama hojii keessan irratti hundaa'uun, adeemsa deebisanii akka hojjetu taasisuu xumuruuf hanga guyyoota 30 fudhachuu danda'a.

2. Hayyama hojichaa nama biraatti **dabarsaa**.
    - Haala hayyama hojii keessan irratti hundaa'uun, adeemsa deebisanii akka hojjetu taasisuu xumuruuf hanga guyyoota 30 fudhachuu danda'a.

3. **Homaa hin godhinaa** Magaalichii fi Koonyaan hayyama hojichaa taajajila haa dhaabsisani.
    - Hayyama tajaajila dhaabsisuun dhaabbataa waan ta'eef kana booda himannaa seeraa tokkollee hin qabaattu.

Hayyama hojii taaksii Magaalattiidhaan looterii bara 2015, 2016, 2017, ykn 2018 badhaafameef, abbaan qabeenyaa hayyama hojii sana deebisee fudhachuu ni danda'a yoo hayyamni sun Daayirektarichaan kan haqamee, kan gadhiifame, ykn karaa biraatiin kan qabame waggaa sadii hayyama hojii haaraa irraa barbaadamu osoo hin xumurin dura. Garuu, Magaalattiin hayyama hojii sana abbaa qabeenyaa haaraaf irra deebitee yoo kennite, hayyamni hojichaa abbaa qabeenyaa jalqabaatiin fudhatamuu hin danda'u.

Yoo hayyama hojii kee dabarsuu ykn kireessuuf karoorfatte, maaloo jijjiirraa hayyama hojii [kingcounty.gov/medallion](kingcounty.gov/medallion) irratti fayyadamuu yaadaa, meeshaa haaraa hayyama hojii gurgurtootaa fi bitattoota walitti fiduuf gargaarudha.

Hayyamni hojii keessan konkolaataa kireeffame waliin kan walqabate yoo ta'e, maaloo sirni hayyama hojii konkolaataa kireeffamuu Bitootessa 31, 2026 akka xumuramu beekaa. Hayyamni hojii konkolaataa kireeffame kamiyyuu guyyaa sana dura gara hayyama hojii taaksiitti jijjiiramuu

qaba. Kaffaltiin jijjiirraa hayyamaa dabalataa hin jiru. Adeemsi jijjiirraa unka kana https://tinyurl.com/2pahh7yb irratti argamu fayyadamuun eegalama.

Gaaffii yoo qabaattan, haala hayyama hojii keessanii dabalatee, maaloo tajaajila maamiltootaa 206-386-1267 qunnamaa ykn gargaarsa dabalataaf iimeelii taxicab@seattle.gov nuuf godhaa. Dhimma kanaaf xiyyeeffannoo waan kennitaniif galatoomaa.